Seenaa Mahbuubaa (jaalatamtuu)

Jaalatamtuu.

Uummata hedduu biratti keessattuu uummata Oromoo biratti seenaan intala tokkoo jaarraa 19ffaa keessa akka garbaatti gurguramtee gara biyya Jaraman geeffamtetu dubbatama. Seenaan kun namoota hedduu biratti dhageettii guddaa qabaatus kanneen seenaa kana dhugaa tahuusaa shakkan baay'eedha. Nutis gama keenyaan seenaa kana qulqulleessuuf qorannoo taasisneetu jirra. Barruu kanaanis waa'ee intala oromoo kanaa ilaalchisee wantoota hanga yoonaa hin tuqamne isiniif himuun yaala.

Duraan dursee garuu seenaan kun dhugaa tahuusaa akka beektanin barbaada.

Bara 1837ALA sirna bulchiinsa mootii Mohammed Alii keessa biyya Misir gabaan garbootaa magaalaa Kaayirootti gaggeeffama ture. Bara sana keessa ilma warra mootii, lammii Jarman kan tahe 'Hermann Von Pucler' kan jedhamutu daawwannaaf biyya Misir deemee ture. Magaalaa Kaayiroo gabaa garbootaa keessa utuu imalaa jiruus, shamarree bareedduu tokko arge. Bareedina isheerraa kan ka'e akka ishee bitus murteesse. Kitaaba isaa 'Pucler MahHermann' jedhamu maxxansa 9ffaa yaadannoosaa keessatti Hermann akka barreessetti, "Mütaie nano uhta lelambosha nieya kamanti mkyalar parode sinbarale kein qahliuem vitacie" (shamarree kana garboota kaan irraa kan adda godhu uffataa fi faaya adda addaa kan naannoo dhalootashee qabaachuu dha) kan jedhu ture. Kunis akka isheen reefu gabaatti dhuftu agarsiisa. Garbootni baay'een yeroo gabaarra oolan uffata naannoo isaanii ittiin dhufan ofirraa hin qaban. Garboota haaraaf moofaas mala kanaan adda baasanii beeku ture. Shamarree bareedduun kunis maqaan gabaa kana keessatti ittiin beekamtu 'Ajjimee' jedhamtus, Hermann ammoo 'Mahbuubaa' jedhee moggaaseef. Hiikaan isaas jaalatamtuu jechuu dha.

Gabaa garbootaa magaalaa Kaayiroo bara (1812-1842).

Akkaataan intalli kun gabaa garbootaa kana keessa galuu dandeesse gaafii namoota hedduu tahuu mala. Seenaan Mahbuubaa akka qoratametti akkasumas akka afaanshee irraa dhagahametti; yeroo isheen waggaa saddet turte naannoo dhaloota isheetti jeequmsatu ture. Jeequmsa kana keessa obboleewwan ishee dhiiraa fi abbaan ishee akkasumas manni isaanii abiddaan akka gubame ijaan arguu ragaa baateetti. Yeroo kana Mahbuubaa fi obboleettiinshee harka daldaltoota garbaa jala seenan. Mahbuubaaf obboleettiinshee gara Gondar, kaaba Itoophiyaa gabaa gabrootaa erga geeffamanii achitti gargar bahan. Garboonni naannoo kibba biyyattii irraa dhufan hunduu magaala Gondar irraa gara magaala Sudaan Kaartumittii geeffamaa turan. Sudaan irraas gara biyya Misir kanneen geeffaman keessaa

Mahbuubaan tokko dha. Jaarraa 19ffaa keessa garboonni biyya Itoophiyaarraa dhufan lakkoofsaan gara kuma digdamii shanii (25,000) tti tilmaamamu. Hedduunsaanii ammoo kibba biyyattiirraa kan dhufan yoo tahu harki caalu Oromoota turan. Isaanuma keessaas biyyoota Awurooppaa fi Hindiitti kan gurguraman danuu dha.

Biyya Misiriiti Hermann erga Mahbuubaa bitatee ishee waliin biyyoota garagaraa deemee jira. Yeroo kanatti Mahbuubaan umrii 10-12 gidduu taatus, bilchina sammuu fi akkaataa amala ishee yoo ilaalan nama hojjaan madaalamtu hin ture. Kanarraa kan ka'e, Hermann jaalala Mahbuubaatiin booji'ame. Biyya Jarmanitti haadha manasaa wajjin wal hiikuun, Mahbuubaa waliin bultii ijaares. Adeemsa isaa keessatti biyyoota akka Filisxeem, Sooriyaa fi Istaambul (Turkii) Mahbuubaa waliin deeme. Biyyoota kana keessa intala kana qabatee deemuu waan sodaateef uffata loltuu dhiiraa itti uffisee wajjin deema ture.

Erga Awurooppaa seenanii turtii muraasa booda magaala 'Budapest' biyya Hangaarii keessatti Mahbuubaan cuuphamtee turte. Achirraa magaala Viyeenaa biyya Awustraliyaa seenan. Ilmi warra mootii Herman Von Pucler kun qondaaltota olaanoo wajjin Mahbuubaan wal barsiisuu yaaleera.

Ilaalcha qondaaltota kanaa waan sodaateef, "e mayo Absiynie sardel güdale iyoie shaji karai massug" (isheen intala mootii Abisiiniyaati guddifachuufan biyya kan fidadhe) jedhee uummata goyyoomse. Mahbuubaan akka aadaaf afaan biyyattii barattu mana barnootaa magaalaa Viyeena keessaa tokko ishee galche.

Hawwii afaan baruu waan qabduuf ji'oota muraasa keessatti barachuuf dubbachuu dandeesse. Turtii muraasa booda biyya Awustraliyaa keessa kabajaan jiraatanis, biyya Jaramanitti garuu Hermann intala gurraachaa jaalachuunsaa baay'ee qeeqamaa ture. Keessattuuu haadha manaa Hermann kan duraa, Mahbuubaan akka biyya Jarman hin seenne barbaaddi turte. Isheen masaraa mootii seenuun safuu biyyattii cabsuu akka ta'etti ilaalamas ture.

Ilmi warra mootii kunis ilaalchaa fi qeeqa inni waa'eesheef argataa ture jaalala isheef qabu daran cimse malee hin hir'isne. Haati manaa Hermann kan duraas otuu qeeqxuu jaalala isaanii irratti hinaaftee harka kennattee

~

Hubachiisa: Namootni biyya Jarman jiraattan seenaa Mahbuubaa guutummaa guutuutti beekuu yoo barbaaddan magaala Moskoo keessaa 'Pucler Musiuem' jedhamu erga seentanii

gara harka mirgaa 'Absiynie Mahpucler' jedhamu keessaa barreeffamootaaf xalayoota daawwadhaa.

Egaa bara 1840 Mahbuubaan biyya Jarmanii erga seentee booda nama oromoo akka isheetti garbummaan gurgurame Oolshuu Aagaa jedhamuun wal barte. Oolshuunis qorataa afaan oromoo lammii Jarman nama 'Tukicheet' jedhamuun wal barsiise. Mahbuubaan maqaan ishee maatiin moggaaseef 'Bilillee' tahuu himatte.

Iddoo isheen itti dhalattee of bartes 'Gumaa' ykn Jimmaa akka jedhamu himte. Yeroo kanatti Tukicheet weedduulee gargaraa fi seenaa tokko tokko Bilileerraa barreessee galmeessee ol kaa'e.

Barreeffamaafi seenaan afaan Bilileerraa barreeffame kun godambaa magaalaa Moska'u keessa kaa'amee jira. Yeroo gara yeroottis turistoonni barreeffamootaaf seenaa, akkasumas xalayoota Bilileef ergamee fi isheenis ergite hunduu muziyeema keessatti kuufamee daawatamaa jira.

Ji'a hagayyaa, bara 1840 Bilileen dhukkuba sombaan qabamtee turte. Masaraa warra mootii Hermann keessatti doktorri fayyaa ishee ilaalus qacarameef ture. Yeroo sanatti Hermann haati manaasaa isheen duraa garmalee dhukkubsannaan ishee dubbisuuf gara Berlin deemus yeroo yeroon odeeffannoo waa'ee Bilillee doktoricha irraa argata ture. Dhukkubni ishee itti hammaatee akka duutus erga bartee xalayaa akkas jedhu ergiteef. "mühaye ratipa kilji Mahbüba yarziend hall yeyaloe badali vip antde malie kil füa tishta" ykn "ani Mahbuubaan du'aaf qophaa'een jira, ta'us garuu otuun ija kee ilaaluu otuu lubbuunkoo baatee natti tola" jechuun akka inni dhufee ishee argu hawwii qabdu waliin ergiteef. Hermann gamasaatiin dhufuu akka hin dandeenye eeruun, warqee maqaasheen bocamee fi qarshii ergeef. Ta'us garuu Bilileen ergaa (xalayaa) jaalalleeshee kana otuu hin argiin, bara 1840 ji'a Onkoloolessaa, guyyaa 27, sa'aatii jaha (6:00) waaree booda masaraa mootii Pucler keessatti boqottee addunyaa kanarraa deemte. Umriinshees yeroo sanatti waggaa kudha jaha (16) turte.

Bilileen lubbuun dabartus seenaan ishee onnee oromootaa keessatti hafee jiraate. Iddoon awwaalcha ishees magaala Moska'u biyya Jarmanitti argama.

Hubachiisa: Seenaa Bilillee guutummaatti argachuu yoo barbaaddan warri biyya Jarman jiraattanii fi daawwannaaf dhuftan, Jarman magaala Moska'u deemtanii muuziyeemii 'Pucler'

jedhamu daawwachuu dandeessu. Warri immoo dhufuu hin dandeenyee fi biyya Jarman hin jirre bakkuma jirtanitti karaa website http://www.pueckcer-museum.de/ seentanii daawwachuu dandeessu. Galatoomaa ulfaadhaa.

An Amayu Tasisa ti Jarman irraa,

November, 07/2020.